

## Sagalee Qonnaan Bulaa

“ Odeeffannoo fi barumsa qorannoo gabaa irraa argadheen midhaan haaraa oomishuuf murteesseera. Sababa waltajjiin qooda fudhattoota waliin nuuf godhameen dhiyeessitoota sanyii adda addaa waliin qunnamuudhaan mar’achuu keenyaatiin sanyii bituuf haala mijataa waan nuuf uumeef baasiin keenya xiqqaateera. Haaluma kanaan carraan gabaa keeyna guddachuu danda’eera.



Bu’aa Gaarii Lafa Irratti Argaman.

“maasii keenya irratti hojiin agarsisa midhaanota filataman irratti hojimaata bu’uura qonnaa meeshaa naannoo keenya jiruun baranneera. Isaanis:- qophii Bokaashii (xaa’oo uumamaa), biyyee haakiimuu, ittifayadama daaraa mukaa fi mala qindaawaa dhibee fi ilbiisota ittiin to’annu fi kkf. Maloonni kun maloota dura fayyadamnu irra foyya’aa ta’ee waan argameef maasii keenya irratti fayyadamuuf amantaa guutuu akka arganu nu taasiseera.

### Teessoo Projeketii

Ministeera Qonnaa fi Qabeenya Beeyilladaa Daayireectira Kuduraa fi Muduraa xixiqqaa keessatti Darbii 3ffaa  
Abbaa Taayitaa Misoomaa Jallisii Oromiya  
Teessoo:- Daandii carecar mana barumsa Lisee gebremariyaam fuullee.  
Biiroo Qonnaa Naannoo Amharaa  
**Emelii:** [ethioshep@gmail.com](mailto:ethioshep@gmail.com)

### Facebook

Ooddefannoo haara argachuuf  
<https://www.facebook.com/jicashep/fayadama>

# Ethio-Shep

*Qonna Gabaan Durfame Babal’isuuf Qonnaan bultoota lafaa xixiqqaa Irratti Oomishaniif Projeketii deeggarsa Oogummaa Kennuu.*



Ethio-SHEP@2019

**Qonna Odeeffannoo Gabaan Durfame**

**Hojiwwan Projeketii Etiyoo ‘Shep’ Qonnaan bultootni Lafa Xixiqqaa irratti oomishan Qonni isaanii qonna gabaan durfame akka ta’u gahoomsuu.**



## Seensa

(Projectiin Etiyo Shep)

Degarsaa Misoomaa Biyyoolesaa Biyyaa Japaaniin godhamu Projecti wagaa shaan yoomu ta'u hojii kan jalqabe ji'a Ammaajii bara 2009.

## Sadarkaalee/tartiiba 'Shep' Barbaachisoo ta'an 4

Kutalee	FKN Hojiilee Hojataman
1. Kaayyoo isaa Qonnaan Bulaaf Beeksisuu	Sagantaa wal barsisuu
2. Hubannoo Qonnaan Bulaaf Gudisuu.	Ragaa bu'uura sassaabuu, Qorannoo Gabaa, Waltajjii qoda fudhattootaa.
3. Qonnaan Bulaan akka Murteessu	Midhaan filachuu fi sagantaa facaasaa baasuu.
4. Dandeettii ogummaa Qonnaan bula Beeku.	Leenjii ogummaa Qonnaan bultootaaf.

## Waltajjii Qooda fudhattootaa (dhiyeessii fi gabaa)

'Shep':-waltajjiin qoda fudhattootaa kan qopha'u walitti hidhaminsa dhiyeessitootaa, daldaltoota gurguddoo, dallaallota, waldaalee liqii fi waajiraalee mootummaa ilaallatu hunda waliin quunnamtii jiru jabeessuuf. Waltajjiin qooda fudhattootaa walitti hidhaminsa bittaa fi gurgurtaatiin muuxannoo amma jiru fooyyessuuf yaada waljijjiiruu fi yaada haaraa burqisiisuuf fayyada.



### Kutaa 1 Kaayyoo isaa Qonnaan Bultootaaf ibsu

#### Kaayyoo

Hojiin kun murteessoo Jalqabaati. sababni isaas dinagedeen qonnaa akka foyya'u tattaaffii kan godhu Qonnaan bulaan ofuma isaatiin ta'uu isaatii.

#### Kaayyoo kana galmaan gahuuf hojiileen hojjataman

Kaayyoo projektii beeksisuuf waltajjii wal beekumsaa qopheessuu.



### Kutaa 2 Dandeettii Ogummaa Qonnaan bula guddisuu.

#### Kaayyoo

Qonnaan bultootni naannoo misooma kuduraa fi muduraa irrattii hojimaataa fooyyessuuf beekumsa Qonnaan bulaa akka guddaatu gochuu. Kunis Qonnaan bultootni bittaa fi gurgurtaa irratti dhugaalee jiran akka beekaan carraa guddaa uumaaf. Kanaafuu Qonnaan bulaan gara qonnaa fooyya'aatti akka ce'u kaka'umsa haala cimaadhaan akka jijjiran isaan gargaara.

#### Kaayyoo kana galmaan Gahuuf Hojiiwwaan Hojjataman

Ragaa bu'uura sassaabuu, waltajjii qoodafudhattootaa qopheessuu fi waltajjiin kunis Qonnaan bultoota bakka bu'ootaa fi Ogeessota mootummaa kan hirmaachisudha.

Projektiin 'Shep' Qonnaan bultootni ofuma isaaniitiin yeroo yeroodhaan gabaa naannoo isaanii jiru akka qoratan hubannoo fi leenjii gahaa ni kennama. Qorannoo gabaa kana irratti hunda'uudhaan midhaan oomishu filatee oomisha.



### Kutaa 3 Murtee Qonnaan Bula

#### Kaayyoo

Qonnaan bula murtee ofuma isaaniitiin akka murteessu carraa kennuu

#### Kaayyoo kana galmaan Gahuuf Hojiiwwaan Hojjataman

Qonnaan bulaan odeeffannoo qorannoo gabaa fi haala naannoo isaa irrattii hunda'uudhaan midhaan oomishu akkaa filatuuf oomishinni isaa yeroo gabaan barbaadu akka gahuuf sagantaa facaasaa akka qopheessu gochuu.



#### Horddoffii fi Gamagama:

Hojiiwwaan ijoo arfan armaan olitti ibsaman hojiin agarsiisa irratti erga hojjatamee booda qonnaan bulaan naannoo sanaa hojii irra oolchuu isaanii hordofuun ni barbaachisa.

### Kutaa 4 Qonnaan bulaan dandeettii ogummaa akka argatu

#### Kaayyoo

Qonnaan bulaan midhaanota filataman haala gaariin akka oomishuuf leenjii hojjatani agarsiisuu osoo waal irraa hin citiin leenjii gahaa kennuu.

#### Kaayyoo kana galmaan Gahuuf Hojiiwwaan Hojjataman

Filannoo maasii irraa hanga qabinsa oomisha boodaa leenjii wal irraa hin cinne kennuu. Kunis Qonnaan bulaan midhaan filatee haala gaariin akka oomishu isaan gargaara.

